**ADDA BILISUMMAA OROMOO (ABO-WBO)**

**OROMO LIBERATION FRONT** جبهة تحرير أورومو

**Date**: *November 8, 2022* **Nr.:** *IEABO WBO/11-2/1-2022*

**Guyyaa**: *Sadaasa 8, 2022* تاريخ **Lakk.:** *IEABO-WBO/11-2/1-2022* رقم

## Injifannoo Dhiigaan Arganne Tikfachaa, Amna Bilisummaa Eegalle Haa Xumurru

## (Labsii Ajajaa Ol'aanaa ABO-WBO)

Gootichi Waraana Bilisimmaa Oromoo Onkololeessa 14, 2022 irraa eegalee tarkaanfii waraana faashisticha Abiy Ahimed buqqisuu bifa haaraa fi qindaa'aa ta'een fudhateen injifannoolee gurguddoo galmeessuun, aanotaa akkasumas bulchiinsa magaalotaa to'annoo isaa jala galchaa jiraachuun ni beekama.

Diinni milkii WBOn galmeessaa jirutti dhoqee itti dibuuf waan dhama'uuf; gama tokkoon qabsoo bilisummaa Oromoo yakkuuf lafa WBOn bilisoomse keessa dukkana da'oo godhatee yakka dalagee WBO maqaa xureessuun; gama biraan ammoo namooti ofittoo ta'an dantaa yeroof jecha seerdhablummaa babal'isuun qabeenya Oromoo mancaasaa waan jiraniif; uummati keenyi waajjiraalee fi namoota tajaajila hawaasa kennan kamuu kunuunfachuu malee akka hin malletti itti bu'uun dhorkaa ta'uu ajajaan ol'aanaa ABO-WBO hubachiisa. Fakkeenyaaf; dhaabbilee Fayyaa fi waajjiroota isaanii kan akka (hospitaalaa, buufata fayyaa, kiliinikaa fi kkf), waajjiraalee Ibsaa, Telekoominikeeshinii, Baankilee, Geejiba, Bishaan, Qonnaa fi kkf dhaabbilee miti mootummaa kanneen investiment irratti bobba'an hundi nageenyi isaanii tikfamuu fi kunuunfamuu qaba.

Waraanni Bilisummaa Oromoo (WBOn) akeeka bilisummaa saba Oromoo dhugoomsuuf wareegama ulfaataa yeroo baasaa jiru keessatti, qaamni kamuu akka uummata keenya irratti yakka hojjetus ta'e seerdhablummaa babal'isu, qabeenya isaa mancaasu WBOn hin haayyamu. Wareegamni ulfaataanis kan ba'aa jiruufis uummata keenya haqa, nagaa fi bilisummaa gonfachiisuudhaaf malee akka dacheen Oromiyaa dirree yakkaa fi sirnadhablee taatuuf miti. Haala akkasii keessatti uummatni Oromoo WBO gargaaruun haqaa fi nagaa waaraa argamsiisuuf waardiyaa dhaabbachuun dirqama isaati. Bulchiinsa haarawaa Oromoon diriirfatu keessattis namoota dandeettii, amanamummaa fi yeroo itti qaban hirmaachisuun dirqama. Injifannoo keenyatti iggitii tolchuuf hojii bulchiinsa gaarii diriirsuun murteessaa fi hojii tarsiimoo akka ta'e uummati keenyis ni hubata.

Hawaasni keenya koree bilisummaa fi bulchiinsa yeroo jalatti seeraan taliigamuun naamusa jabaa qabaachuun injifannoolee argaman kunuunfachuuf hojjechuu qaba. Qaamota yakkaa fi sirnadhablummaa irratti hirmaatan WBOtti gabaasuunii fi of keessaa baasuuun wareegama keenyatti kabajaa hora, amna gara bilisummaatti eegalles milkiin akka xumurruuf nu gargaara. Sana irra darbee bifa seeraa fi safuu Oromoo cabseen qabeenya uummataa mancaasuun, hatuun, saamichaa fi haaloon dhiiga wal dhangalaasuun marti dhimma diinni Oromoo barbaadu waan ta'eef irraa of qusachuun fardii dha. Sun ta'uun yoo hanqatee WBOn tarkaanfii sirreessaa fudhachuuf dirqama.

Ammatti yakkootaa fi sirna dhablummaa ittisuuf jecha, qaamota halkan da'oo godhatanii sosso'an ugguruuf, bakkoota WBOn sirna bulchiinsa diinaa buqqisee jiru keessatti sochiin halkanii ugguramee jira. Haala kanaan galgala galchuma sa'aa 7:00 irraa eegalee hanga barii barraaqaa sa'a 6:00tti ykn akka lakkoofsa biyyaatti sa'a 1:00 irraa qabuun hanga barii sa'a 12:00tti namni kamuu sababa ga'aa fi quba qabeenya qaama bulchiinsa WBO waliin wal quba qabuun alatti sosso'uun

dhorkaa dha. Ugguri kun sochii dhukkubsattootaa, dubartoota ulfaa, balaa tasaa fi balaa dirqaman karaatti nama baasan hin ilaallatu.

Uggurri sochii kun gaaffii uummataatiin, akka uummatni Oromoo hin saamamne, hin miidhamnee fi qabeenyi naannoo isaa akka hin mancaane ittisuuf WBOn gaafatama ulfaataa waan qabuuf labsame dha. Diinni uggura ittisa uummataaf godhamu akka uggura abbootiin irree aangoo isaanii dheereffachuuf godhan waliin kan wal fakkeessee dhiheessuu yoo jiraate, Oromoon dammaqee dhugaa jiru hubachuun amna bilisummaa fi walabummaa itti jirru xumura itti tolchinu shakkiin hin jiru. Injifannoo dhiigaan arganne tikfachaa, amna bilisummaa eegalle xumuruuf, akka sabaatti naamusa siibiila irra jabaa ta'e qabaachuun dirqama!

**Injifannoon Uummata Oromoof!**

**Ajajaa Ol'aanaa ABO-WBO**

**Sadaasa 8, 2022**